

Walaloo Jaalalaa jaalallee ofiif PDF

Walaloo Jaalalaa jaalallee ofiif 1

- AKKUMAAN SI ARKEEN...!!”
-
- Akkumaan si arkeen jaalalaan qabamee
- Laphee too hiddameen onne too saamamee
- Nii fayya silaa bar ol baasee sitti himee
- Liphii tee arkeetiin gar male miidhamee.
-
- Afaanii baafadhee sitti himuun sodaadhee
- Ati naaf hin beeytu an ammo gubaadhee
- An dur yoomiin beeke ammumaan hubaadhee
- Eegaan cilee taheen dhufee sitti himadhee.
-
- Tan namaa tahuu kee deebisaa argadhee
- San edaanuu ani hedduun orraafadhee
- Maal qaba mee silaa gaafan si jaaladhee
- Sodaa firraa dhiisee ol baase himadhee. X2

Walalo jaalalaaa jaalallee ofif 2

-
- Ati adda kaaniirraa
- Jabeessitu kaayyookoo
- Badhaasaa rabbiirraa
- Fakkaattii aayyookoo.
-
- Gubaan yaadaa keetii
- Takkaallee nan ciibsuu
- Qalbiin sumaa feetii
- Me akkamiin sif ibsuu?
-
- Biraa na baqachiisee
- Namaas na jibbisiisaa
- Nyaatas na lagachiisee
- Hundaa na hifachiisaa.
-
- Deemuus nan deemsisuu
- Simalee galmaan gahuu
- Taa’uus nan teessiisuu
- Rafuus dharraan bahuu.

-
- Waan jedhuun dhabaa
- Maalookaa yaa tiruu
- Maalaan harkaan qabaa
- Hoomtuu nabiran jiruu.
-
- Qalbiin sibira deemeen
- Yaadaan siif gaggaabaa
- Harkaan samii reebbeen
- Qiilleensaa qaqqabaa.
-
- Oliif gadi jooraa bulaa
- Garaan jaalateen rafuu
- Dhiphuu namarra tuulaa
- Jaalalaa dhugaaf safuu.
-
- Nama jaalatan yaadanii
- Qalbiin hawwee dharra'aa
- Yaadaanis yoo badanii
- Garaan nama boora'aa!!
-
- Bareeddu umamaa
- Habaaboo bifa kumaa
- Suuraa keetuu guutef
- Sammuun ko cufama.
-
- Dhugaatu si faarsaa
- Jechatu si leellisa
- Isa uumaa ke tolchetu
- Jaalalan na gaggabsaa.
-
- Hunduma keen fedha
- Guutumman filadhee
- Kanaafan fuula onnee
- Kootti suura ke hidhadhe.
-
- Madaa narra jiru
- Eelaa waggaa dheeraa
- Galaa sirka jiru
- Adaraa himadheera.
-
- Ati na boojite
- Onnee koo na miite
- Jibbaadhaanis miti
- Jaalalaan na hiite.

-
- Tahees hin gammadu
- Deemus nan dhiphadha
- Sin argadhaa jedheetan
- Asiif achi kaadha.
-
- Nan boo'a yiikkisee
- Imimmaan akka dhiiga
- Maaf argaa na dhoksite
- Anoo siifan fiiga.
-
- Ciisu hirriba dhabee
- Abjuunin si ilaala
- Dhibee keessoo kooti
- Maaliinan maadaala.
-
- Anoo of qaanfadhee
- Maatiif ollaa caalaa
- Dhibee keessoo kooti
- Eenyuutu naaf yaala.
-
- Bonas hatahu arfaasaa
- Yeroo namaaf yandisu
- Anaaf hongee tahee
- Maaliif kan narkisu?

Walalo jaalalaaa jaalallee ofif 3

-
- An har'as sin jalaadha
- Yoomuman si jibbe
- Akkaan si jaaladhu
- Yeroo hedduun hime
- Atis nan hubanne
- Tuffattee dabarte
- Jaalalaan sii qabu
- Bishanitti naqxe(x2)
-
- Sitti adda bahuun
- Kaayyo kootis miti
- Giddiin sin jaaladhanis
- Omaa sirrii miti

- Kophaa jiraachunis
- Heddu nama miiti(x2)
-
- Kophaa jiraachunis
- Na miidhaafi miti
- Akkaan si jaaladhus
- Haalan beekta ati
- Ergan an si dhabe
- Nan jaaladha tokko
- Kan akka kee garuu
- Hin argu gaaf tokko(x2)
-
- Amman booda gahe
- Siichi jaaladheera
- Akkan si obsuufis
- Garaa jabeefadhee
- Jaalalle koo amma
- Maqaa moggafadhe
- Obsa kooti ati jedhe
- Itti himadhee(x2)
-
- Adda bahuu keenyaf
- An ammas nan gadda
- Yeroon taa'ee yaadu
- Imimman na hudha
- Akkamiin obsite
- Ana jaalallee kee
- Harka koo qabattee
- Gaaf tokko mal jette?
- Karoorri qabanne
- Maaf karatti hafte?(x2)
-
- Ani yoon ballese
- Maalif nan gorfanne
- Kan booru koo jette
- Ergaa na abdatte
- Badi koo gaaf tokko
- Biruma dabarte
- Amum beekumsa kee
- Osoo na gorfatte
- Maaf karatti hafaa
- Jalalli jalqabne
- Ammas jaalalli
- Ke keessa koo hin baane(x2)

Walalo jaalalaaa jaalallee ofif 4

- Afaan Amaaraatiin dhadhaan qibee, qibee
- Naa isii wal beekaa isa maaltu dhibee
- Afaan Amaaraatiin waraabeyyi jibuu
- An waan naqe hin beeku wallaahi hin kijibuu.
-
- Afaan Ingiliffaan Deeymi honey, honey
- Ani siifiin kennaa mee atiis naa kennii
- Afaan Arabaatiin jaalalti muhabbaa
- Aayyoon humaa jettuu narraa kadhu abbaa.
-
- Afaan Somaaleetiin jaartii jechuun Haasii
- Dhaqee fitti fuudhee yaa rabbi na baasii
- Afaan Adareetiin Nageenyi Amaanii
- Ta jaalala hin beeyne kara warraa saanii.
-
- I love you jechuun Afaan Ingilishii
- Waan takka hin yaadin fuul durri bashbashii
- Afaan Iswaahiliin jaalalti Upendoo
- Ta dabarte dhiisi ta hafteetu guddoo.
-
- “Afaan Oromootiin dubbachuun ziqayaa “
- An si malee hin fedhu eenyu si naaf gayaa
- Qe’ee teenya guddoo Atarri bashbashii
- Naa ati wal garraan tuun maal Abbaa ishii.
-
- Afaan Arabaatiin “Fuad” jechuun Onnee
- Nam takkaaf hin kennin waaniin an siif kenne
- Ooyruu Abbaa keetii raasaan bakkanniisaa
- Yoo na jalaa didde an ifiin fannisaa.
-
- Afaan Amaaraatiin Horii jechuun kabtii
- Jaalalti baranaa mukarra si baaftii
- Hattuun Bara kanaa tokkoffaan Kinfeedhaa
- Mana keenya koottu hiraanni Biiffeedhaa.
-
- Afaan Wayyaaneetiin Aangoo jechuun hannaa
- Warra keef hin himin wal fudhannee bannaa
- Bareedduu Oromoo loosha Ilkee aannanii
- Waraabysi namaa narraa si hin nyaatinii.

